IslamHouse.com



Oromo
Oromoo
أورومو

الطهارة والصلاة

# XAHAARAA FII SALAATA

Qopheessaa
**Shekh Jamaal Shekh Muhammad**

# الطهارة والصلاة

تأليف
الداعية جمال محمد أحمد

OROMO
OROMOO
أورومو

ⓒ جمعية الدعوة والإرشاد وتوعية الجاليات بالربوة، ١٤٤٢هـ

فهرسة مكتبة الملك فهد الوطنية أثناء النشر

أحمد، جمال محمد

الطهارة والصلاة – اللغة الأورومية. / جمال محمد أحمد.- الرياض، ١٤٤٢هـ

٥٢ ص، ١٢ سم x ١٦,٥ سم

ردمك : ٦-٢٣-٨٣٢٣-٦٠٣-٩٧٨

١- الطهارة (فقه اسلامي) ٢- الصلاة أ. العنوان

ديوي ٢٥٢ ١٤٤٢/٢٥٣٢

رقم الايداع: ١٤٤٢/٢٥٣٢

ردمك : ٦-٢٣-٨٣٢٣-٦٠٣-٩٧٨

This book is the property of the Osoul Center. Permission is granted for it to be stored, transmitted, and published in any print, electronic, or other format - as long as the Osoul Center is clearly mentioned on all editions, no changes are made without the express permission of the Osoul Center, and a high level of quality is maintained.

+966 11 445 4900

+966 11 497 0126

P.O.BOX 29465 Riyadh 11457

osoul@rabwah.sa

www.osoulcenter.com




Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim

# BAAFATA


| | |
|---|---|
| Duree | 9 |
| Barnnoota Salaataa Sadarkaa Guddina Salaataa | 11 |
| Naamusa Mana Fincaanii | 15 |
| Akkaata Wuduu'aa | 19 |
| Sadarkaa (Fadlii) Wuduu'aa | 23 |
| Waan Wuduu'a Balleysu | 25 |
| Qaama Dhiqachuu | 27 |
| Taymuuma (Biyyeen Xahaarachuu) | 29 |
| Akkaataa Salaataa | 31 |
| Zikriiwwan Salaata Boodaa | 39 |
| Sujuuda Irranfii (Daguu) | 41 |
| Ulaagaalee (Sharxiileen) Salaataa | 43 |
| Arkaana Salaataa | 45 |
| Dhumarratti | 49 |

# DUREE

الحمد لله رب العالمين الصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلي آله وصحبه أجمعين.

ونسأل الله أن ينفعنا بهذا العمل وكل من شارك فيه،

Salaanni utubaa islaamaati. Waan islaamaafii kaafirri itti addaan bahee beekamu. Salaata sadarkaan isii haalaan guddoo taate tana namni hundi barachuun dirqama. Wanni wallaalaan hojjatan dgoggoraan balleessuutu mala waan taheef.

Kitaaba kana keessatti barnoota xahaaraafii salaataa bal'inaan dhiheessinee jirra. kitaabni kun Afaan keenya kan oromootiin waan qophaaweef ummanni keenya dubbisanii irraa barachuun laafaadha.

keeysaawuu barattoota keenya haalaan fayyada. Kitaabni kun barnoota:-
Naamusa mana fincaanii, Akaataa Wuduu'a, Waan wuduu'a balleessu, Barnoota Taymuuma, Barnoota salaatafii kkf uf keessaa qaba.

gama kaaniin walaloo babbareedduu barnoota guddaa qabduutu keessa jira.

Fakk-walaloo sharxii salaataa, walaloo arkaana salaataa, walaloo waan salaata balleysuu, Egaa kitaaba kana akka dubbistanii irraa barattan isinin jenna.

فنسأل الله أن ينفعنا بهذا العمل وكل من شارك فيه،

hojii teenya tana tan buaa qabduufii tan nuufii ummatas fayyaddu Rabbi nuuf haa godhu.

**Shekh Jamaal shekh Muhammad**
**shekhjamal@yahoo.com**
**F/B: Abu Saalih Almuhajiri**
**00966505697461 KSA Riyadh**

# BARNNOOTA SALAATAA SADARKAA GUDDINA SALAATAA

**Salaanni-** utubaa islaamaati. Namni isa dhiise diin isaa nijiga.

قال النبي ﷺ لمعاذ رضي الله عنه: «**ألا أخبرك برأس الأمر وعموده وذروة سنامه؟ قلت: بلى يا رسول الله. قال رأس الأمر الإسلام، وعموده الصلاة، وذروة سنامه الجهاد**». رواه الترمذي.

Nabiyyiin ﷺ mu'aaziin akkana jedhan "mee mataa amrii diin siif himuu, utubaa isaatiifii gararree dalluu isaatis?" eeyyen yaa ergamaa Rabbii jedhennaan "mataan amrii islaamummaadha, utubaan isaa salaata, gararreen dalluu isaa jihaada." tirmiziitu odeesse.

**Salaanni-** mallattoo mu'iminaati namni salaata dhiise nikafara.

قال رسول الله ﷺ: «**العهد الذي بيننا وبينهم الصلاة، فمن تركها فقد كفر**». رواه النسائي

Nabiin ﷺ akkana jedhe "garaagarummaan nuufii isaan jidduu jiru salaata,namni isii dhiise kafare." Nasaaiyyitu galmeesse.

**Salaanni-** dura waan namni guyyaa qiyaamaa irraa gaafatamuuti. Yoo isiin tolte hojiin isaa kan hafe niqeebalama. Yoo isin ir'atte hojiin isaa kuun fudhatama hinqabu.

عن أَبي هُرَيْرَةَ رضي الله عنه قَالَ: سَمِعْتُ رَسُولَ اللَّه ﷺ يَقُولُ: «**إِنَّ أَوَّلَ مَا يُحَاسَبُ بِه الْعَبْدُ يَوْمَ الْقِيَامَة منْ عَمَله صَلاتُهُ فَإِنْ صَلُحَتْ فَقَدْ أَفْلَحَ وَأَنْجَح وَإِنْ فَسَدَتْ فَقَدْ خَابَ وَخَسرَ، فَإِنْ انْتَقَصَ منْ فَرِيضَته شَيْءٌ قَالَ الرَّبُّ عَزَّ وَجَلَّ: انْظُرُوا هَلْ لعَبْدي منْ تَطَوُّع فَيُكَمَّلَ بِهَا مَا انْتَقَصَ منَ الْفَرِيضَة؟ ثُمَّ يَكُونُ سَائرُ عَمَله عَلَى ذَلكَ**». رواه أبو داود (٨٦٤)، والترمذي (٤١٣)، والنسائي (٤٦٥).

Abii hureyrarraa r.a. odeeffamee nabiyyiin ﷺ akkana jedhan jedhe “durri waan qiyaamaa gabrichi irraa herregamuu hojii isaarraa salaata isaati, yoo isiin tolte dhugumatti milkaaye nagaya bahe, yoo isiin bade hoongayee kasaare,yoo fardii isaarraa waa ir'atan Rabbiin s.w. mee laalaa gabrichi kiyya salaataa sunnaa niqabaa kan fardii irratte san ittiin guutaniif? Eegasii hojiin isaa kan hafe sanumarratti taha.” Abuu dawud, tirmizii fii nasa'iitu galmeesse.

**Salaanni-** dilii namarraa hayxi. Nabiin ﷺ akki jedhan.

قال رسول الله ﷺ: «**أرأيتم لو أن نهرا بباب أحدكم يغتسل فيه كل يوم خمس مرات هل يبقى من درنه شيء؟**» **قالوا: لايبقى من درنه شيء. قال:** «**فكذالك مثل الصلوات الخمس يمحو الله بهن الخطايا**». رواه البخاري ومسلم.

“Mee naaf himaa? Sa osoo hula mana tokkoo keysaniirra lagni jiraatee guyyarraa yoggu shan dhiqatee xuriin isarratti ni haftii? Jennaan. Lakkii homaa xuriin isarratti hin haftuu

jedhaniin. Egaa salaanni shaman kana fakkaata. Rabbiin isaan dilii namarraa haqa." Bukhaarii fi muslimtu odeesse.

- **Salaanni-** hariiroo gabrichaa fii Rabbii isaa walqunnamsiiftu.

- **Salaanni-** waan jabaate hundarratti tan ittiin gargaarsifatani. Rabbiin s.w. Akkana jedha.

﴿وَٱسْتَعِينُوا۟ بِٱلصَّبْرِ وَٱلصَّلَوٰةِ ۚ وَإِنَّهَا لَكَبِيرَةٌ إِلَّا عَلَى ٱلْخَٰشِعِينَ﴾ [البقرة: ٤٥]

***"salaataafii obsaan gargaarsifadhaa garuu isiin warra Rabbi sodaaturratti malee ni ulfaatti."*** Albaqarah 45.

- **Salaanni-** badii fii hamtuu fokkattuu hundarraa nama dhoowwiti. Rabbiin s.w. akki jedhu

﴿ٱتْلُ مَآ أُوحِىَ إِلَيْكَ مِنَ ٱلْكِتَٰبِ وَأَقِمِ ٱلصَّلَوٰةَ ۖ إِنَّ ٱلصَّلَوٰةَ تَنْهَىٰ عَنِ ٱلْفَحْشَآءِ وَٱلْمُنكَرِ﴾ [العنكبوت: ٤٥]

***"kitaabarraa waan sittii beysifame (gadi buufame) qara'i, salaata gadidhaabi, salanni badii fokkattuufi jibbamtuurraa nama dhoowwiti."*** Al-ankabuut 45.

- **Salaanni-** ifaadha. Adduniyatti qalbii namaaf ibsiti. Guyyaa qiyaamaatis namaaf ibsiti. Nabiin ﷺ akkana jedhan.

قال رسول الله ﷺ: **«من حافظ عليها كانت له نورا وبرهانا ونجاة يوم القيامة»**. رواه أحمد وابن حبان والطبراني

"(Salaanni) nama isirratti uf tiiysee salaateef ibsaa isaaf taati, raga fii furmaata isaaf taati guyyaa qiyaamaa." Ahmad ibnu hibbaaniifi xabraaniitu galmeesse.

**Salaanni-** gammachiistuu onnee mu'imintootaati. Mirqaansituu ija isaaniiti. Nabiin ﷺ akkana jedhan.

قال رسول الله ﷺ: «**جعلت قرت عيني في الصلاة**». رواه أحمد والنسائي.

"qubannoota ija kootii salaatan godhamte." Ahmadii fii nasaa'iitu galmeesse.

**Salaanni-** tan muslimtoonni isii sirreysanii sagaduudhaan milkaawani.

Eega sadarkaan isii kana tahe. Barnoota isiitti seenna.

salaataaf qophii barbaachisa. Qophiin sun xahaaraadha. Asirraa kaanee tartiibaan barnoota isinii dhiheessina.

# NAAMUSA MANA FINCAANII

Mana fincaanii seenuun namusa asiigadii kanaatu barbaachisa.

Namni mana fincaanii dhaqu yeroo seenu miila isaa kan bitaati dursa.

Yeroo mana fincaanii seenu. Akka hadiisa itti aanu kanatti dhufe kana jedha.

عَنْ أَنَس بْن مَالك ﷺ أَنَّ النَّبِيَّ ﷺ كَانَ إذَا دَخلَ الْخَلاءَ قَالَ: «**اللَّهُمَّ إنِّي أَعُوذُ بِكَ مِنَ الْخُبُثِ وَالْخَبَائِثِ**». رواه البخاري

Anas bin Maalik r.a. irraa odeeffamee Ergamaan Rabbii ﷺ yeroo mana fincaanii seenan "Yaa Rabbi ani kormaa shayxaanaa fi dhalaa shayxaanaa irraa sittin maganfadha." jedhu turan," bukharitu galmeesse.

Gara qiblaatti fuulaafii duydas deebi'anii qulqullaawuun dhowwaadha. Hadiisni itti aanu kana ibsa.

عَنْ أَبِي أَيُّوبَ الأَنْصَارِيِّ ﷺ قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ ﷺ: «**إذَا أَتَيْتُمْ الْغَائطَ، فَلا تَسْتَقْبِلُوا الْقِبْلَةَ بِغَائط وَلا بَوْلٍ، وَلا تَسْتَدْبِرُوهَا، وَلَكِنْ شَرِّقُوا أَوْ غَرِّبُوا**». قَالَ أَبُو أَيُّوبَ: (فَقَدِمْنَا الشَّامَ، فَوَجَدْنَا مَرَاحِيضَ قَدْ بُنِيَتْ نَحْوَ الْكَعْبَةِ، فَنَنْحَرِفُ عَنْهَا، وَنَسْتَغْفِرُ اللَّهَ عَزَّ وَجَلَّ). رواه البخاري

Abuu Ayyuub Al-Ansaarii r.a. irraa odeeffamee ni jedhe:

Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "yeroo mana fincaanii dhaqxan udaaniinis ta'ee fincaaniin qiblaatti hin deebi'inaa; dugdas isheetti hin galinaa. Haa ta'u malee, Bahatti yookiin Dhihatti deebi'aa."

Abuu Ayyuub ni jedhe: "Shaamiin seennee mana fincaanii gara ka'abaatti deebitee ijaaramte argine. Ishee irraas dabneeti Rabbiinis dhiifama kadhanna." Bukharitu galmeesse.

Yeroo mana fincaanii seenu waan barruu faaruu Rabbiitiifii maqaa Rasuulaa ﷺ qabuu baachuun dhoowwaadha.

Mana  fincaanii keessatti Haasawuun dhowwaadha.

Yeroo mana fincaaniirraa bahu miila mirgaa dursee gadi baha.  Boodarra Gufraanaka" jedha, Hiikkan "yaa Rabbi natti araarami" jechuudha. Bishaaniifii dhagaa sadihiin qulqulleyfachun barbaachisaadha.yoo bakka dhagaadhaa waan akka sooftiifi xalayaa bakka buusees nitaha. Fincaaniifii udaanirraa qulqulleefachuu dhiisuun badii guddoodha. Sababaa azaaba qabriiti namatti taati.

Hadiisni itti aanu kuni kana ibsa.

عَنْ عَبْدِاللَّه بْن عَبَّاس رضي الله عنهما قَالَ: مَرَّ النَّبِيُّ ﷺ بِقَبْرَيْنِ، فَقَالَ: «**إِنَّهُمَا لَيُعَذَّبَانِ، وَمَا يُعَذَّبَانِ فِي كَبِيرٍ أَمَّا أَحَدُهُمَا: فَكَانَ لا يَسْتَتِرُ مِنْ الْبَوْلِ، وَأَمَّا الآخَرُ: فَكَانَ يَمْشِي بِالنَّمِيمَةِ**»، فَأَخَذَ جَرِيدَةً رَطْبَةً، فَشَقَّهَا نِصْفَيْنِ، فَغَرَزَ فِي كُلِّ قَبْرٍ وَاحِدَةً، فَقَالُوا: يَا رَسُولَ اللَّهِ، لِمَ فَعَلْتَ هَذَا؟ قَالَ: «**لَعَلَّهُ يُخَفَّفُ عَنْهُمَا**». رواه البخاري

Abdullaah bin Abbaas irraa odeeffamee ni jedhe: 'Nabiyyiin ﷺ qabrii lamatti dhufanii "isaan lamaan ni

azzabamaaru. Garuu waan dalaguun isaa guddaa ta'e keessatti adabamaa hin jiranu. Tokkoon isaanii fincaan irraa hin qulqulleeffatu ture. Inni biraa immoo nama walitti naqaadhaan deema ture" jedhan. Dame jiidhaa fuudhanii bakka lamatti dhoosanii qabrii lamaan irra tokko tokko dhaaban. Sahaabonnis yaa Ergamaa Rabbii maaliif kana goote? Jedhan. "Waan isaan hin goginiin azaabni jara irraa laafifamuutu kajeelama" jedhan.' Bukhaaritu galmeesse.

Bakkoota kanneenitti qulqullaawuun dhoowwaadha.

01 Karaa keysatti,

02 Gaaddisa namni itti fayyadamu jalatti,

03 muka firiinisaa nyaatamu jalatti,

04 Bishaan keysatti, qulqullaawuun dhowwaadha.

# AKKAATA WUDUU’AA

Wuduu’a jechuun qophi qulqullummaa kan salaataaf godhamuudha. Wuduu’a malee salaanni hintaatu. Rabbiin s.w. Waayee wuduu’aa ibsee akkana jedhe.

﴿يَـٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ إِذَا قُمۡتُمۡ إِلَى ٱلصَّلَوٰةِ فَٱغۡسِلُواْ وُجُوهَكُمۡ وَأَيۡدِيَكُمۡ إِلَى
ٱلۡمَرَافِقِ وَٱمۡسَحُواْ بِرُءُوسِكُمۡ وَأَرۡجُلَكُمۡ إِلَى ٱلۡكَعۡبَيۡنِۚ وَإِن كُنتُمۡ جُنُبٗا فَٱطَّهَّرُواْۚ
وَإِن كُنتُم مَّرۡضَىٰٓ أَوۡ عَلَىٰ سَفَرٍ أَوۡ جَآءَ أَحَدٞ مِّنكُم مِّنَ ٱلۡغَآئِطِ أَوۡ لَٰمَسۡتُمُ ٱلنِّسَآءَ فَلَمۡ
تَجِدُواْ مَآءٗ فَتَيَمَّمُواْ صَعِيدٗا طَيِّبٗا فَٱمۡسَحُواْ بِوُجُوهِكُمۡ وَأَيۡدِيكُم مِّنۡهُۚ مَا يُرِيدُ
ٱللَّهُ لِيَجۡعَلَ عَلَيۡكُم مِّنۡ حَرَجٖ وَلَٰكِن يُرِيدُ لِيُطَهِّرَكُمۡ وَلِيُتِمَّ نِعۡمَتَهُۥ عَلَيۡكُمۡ
لَعَلَّكُمۡ تَشۡكُرُونَ﴾ [المائدة: ٦]

“Yaa warra amantan! Yeroo salaataaf kaatan, fuula keessaniifi harka keessan hanga ciqileetti dhiqadhaa. Mataa keessaniis haxaa’aa; Luka keessanis hanga koronyootti (dhiqaa). Yoo janaabaa taatan (bishaan saalaa isin irraa dhangala’e) dhiqadhaa. Yoo dhukkubsatoo taatan yookiin imala irra jiraattan yookiin tokkoon keessan mana fincaanii irraa dhufe yookiin yoo dubartiin wal tuqxanii (qunnamtii saalaa gootanii), ergasii bishaan hin argatin dachii (biyyee) qulqulluu barbaaddadhaa (tayammuma godhadhaa). Isa irraas fuula keessaniifi harka keessan haxaa’aa. Rabbiin rakkina tokkollee isin irra fiduu hin fedhu. Garuu akka isin galateeffattaniif jecha isin qulquleessuufi ni’imaa Isaa isin iraatti guutuu fedha.” Al-maa’idah 6


Hadiisni itti aanu kun akkaataa wuduu'aati ibsa.

عَنْ حُمْرَانَ مَوْلَى عُثْمَانَ بْنِ عَفَّانَ رضي الله عنهما: أَنَّهُ رَأَى عُثْمَانَ دَعَا بِوَضُوءٍ، فَأَفْرَغَ عَلَى يَدَيْهِ مِنْ إِنَائِهِ، فَغَسَلَهُمَا ثَلَاثَ مَرَّاتٍ، ثُمَّ أَدْخَلَ يَمِينَهُ فِي الْوَضُوءِ، ثُمَّ تَمَضْمَضَ وَاسْتَنْشَقَ وَاسْتَنْثَرَ، ثُمَّ غَسَلَ وَجْهَهُ ثَلَاثًا، وَيَدَيْهِ إِلَى الْمِرْفَقَيْنِ ثَلَاثًا، ثُمَّ مَسَحَ بِرَأْسِهِ، ثُمَّ غَسَلَ كِلْتَا رِجْلَيْهِ ثَلَاثًا، ثُمَّ قَالَ: رَأَيْتُ النَّبِيَّ صلى الله عليه وسلم يَتَوَضَّأُ نَحْوَ وُضُوئِي هَذَا، قَالَ: «**مَنْ تَوَضَّأَ نَحْوَ وُضُوئِي هَذَا، ثُمَّ صَلَّى رَكْعَتَيْنِ، لَا يُحَدِّثُ فِيهِمَا نَفْسَهُ غُفِرَ لَهُ مَا تَقَدَّمَ مِنْ ذَنْبِهِ**». رواه البخاري

Humraaniin, bilisoomfamaa Usmaan irraa odeeffamee: inni Usmaanii bishaan wuduu waamatu arge. Meeshaa isaa irraa harka isaatti qicate. Yeroo sadi isaan lamaan dhiqe. Ergasii mirga isaa bishaan keessa seensise. Sana booda lulluuqqatee, bishaan funyaan isaa seensisee funyaanii baase. Ergasii fuula isaa yeroo sadi dhiqe. Harka isaas ciqilee wajjin yeroo sadi (dhiqe). Sana booda mataa isaa haxaa'e. Ergasii miila isaa lamaan yeroo sadi dhiqe. Sana booda ni jedhe: Nabiyyiidhaa fakkii wuduu kootii kana wudu'ataniin arge. Sana booda ni jedhan: "namni fakkii wuduu kootii kana wudu'atee ergasii raka'aa lama kan isaan keessatti lubbuu isaatiin hin haasofne (of hin waswaafne) salaate badiin isaa kan darbe isaaf dhiifama." Bukhaarii galmeesse.


### Akkaataa wuduu'a itti godhatan

01 Yeroo wuduu'a godhachuuf kaate bishaan qulqulluu dhiheyfadhu. Qalbitti wuduu'an godhadhaa niyyaa godhi.




Bismillaahi jedhi.


02 Harkaa lameen shanacha (ganaa) yoggu sadi dhiqadhu.



03 Afaan lulluuqadhu funyaanittis fuudhi gadideebisi yoggu sadi.




04 Fuula yoggu sadi dhiqadhu.




05 Harka lameen ciqileen wajji yogguu sadihi mirga dursii dhiqadhu.




06 Mataa guutuu haxaawi, achumaan gadi bu'ii gurra lameen yoggu takka haxaawi.



07 Miila lameen kiyyoo lameeniin wajji mirga dursii yoggu sadi dhiqadhu.



08 Itti aansii du'aa'ii wuduu'aa tana qara'i



Ashhadu anlaailaaha illaLlaahu wahdahuu laa shariika lahuu, wa ashhadu anna muhammadan abduhuu warasuuluhu,

أشهد أن لاإله إلاالله وحده لاشريك له، وأشهد أن محمدا عبده ورسوله
اللهم اجعلني من التوابين واجعلني من المتطهرين.

Allaahumma j'alnii mina ttawwaabiin waj'alnii minal mutaxahhiriin.

# SADARKAA (FADLII) WUDUU'AA

Sawaabni (fadliin) wuduu'aa guddaadha. nabiin keenya ﷺ akkana jedhan

عن أبي هريرة رضي الله عنه قال: قال رسول الله ﷺ: «**إن أمتي يأتون يوم القيامة غُرًّا مُحجَّلين مِن أثر الوضوء، فمَن استطاع منكم أن يُطيل غرَّتَه فليفعَلْ**». متفق عليه، واللفظ لمسلم.

"ummanni tiyya guyyaa qiyaamaa harkaa fuula ifaadhaati dhufti faana wuduu'aarraa. Namni booqaa isaa dheeressuu fedhe haa hojjatuu." bukhaariifii muslimtu odeesse jechi kan muslimi.

## Nabiin ﷺ akkana jedhan:

قال رسول الله ﷺ: «**إذا توضأ العبد المسلم -أو المؤمن- فغسل وجهه خرج من وجهه كل خطيئة نظر إليها بعينيه مع الماء أو مع آخر قطر الماء، فإذا غسل يديه خرج من يديه كل خطيئة كان بطشتها يداه مع الماء، أو مع آخر قطر الماء فإذا غسل رجليه خرجت كل خطيئة مستها رجلاه مع الماء، أو مع آخر قطر الماء، حتى يخرج نقيًّا من الذنوب**». رواه مسلم.

"Gabrichi muslima yookaa mu'iminaa tokko yeroo wuduu'a godhatu yogguufuula isaa dhiqe balleessaan

ija isaatiin laale bishaaniin wajji yookaa tifi boodaa tan bishaaniitiin wajji irraa buuti. Yeroo harka dhiqatu badiin harki isaa dalayde bishaan saniin wajji yookaa tifii boodaa tan bishaaniitiin wajji isarraa buuti, yogguu miila isaa dhiqu badiin miilli isaa itti deemte  bishaan saniin wajji yookaa tifii boodaa tan bishaaniitiin wajji isarraa buuti, hanga yogguu wuduu'aa isaa fixe dilirraa qulqullu tahee bahutti." Muslimtu odeesse.

# WAAN WUDUU'A BALLEYSU

wantoonni wuduu'a balleysan kanneen kana.

01 Waan karaa lameen jalaatiin namarraa bahe. fincaan, udaan, Dhuufuu fi kkf.

02 Qaama saalaa keessa harkaatiin tuquu. /kan ufiitis tahee kan nama biroo/.

03 Dhiiraaf dubartiin alagaa waltuquu.

04 Hirriiba rafuu.

05 Aqliin namarraa deemuu (ufwallaaluu). gaggaba, maraatuma fii kkf.

06 Foon gaalaa nyaachuu.

07 Namni janaazaa baates wuduu'a irra deebiee godhaachuun barbaachisaadha.



# QAAMA DHIQACHUU

Wantootni qaama dhiqachuu namarratti dirqama godhan kanneen asii gadii kana.

01 Walqunnamtii saalaa godhu.

02 Bishaan hormaataa (maniyyiin) namarraa dhangalauu. (hirriibaanis tahee dhageytiidhaan).

03 Dubartiin dhiiyni baatii itti dhufee irraa dhaabbachuu.

04 Dubartiin dhiiga dayaa irraa qulqullaawuu (ulmaa bahuu).

05 Namni kaafiraa yeroo islaamaye dhiqachuu barbaachisa.

06 Nama du'e dhiquun namoota jiranirratti dirqama.

## Akkaataa qaamaa itti dhiqatan

Namni tokko yeroo qaama (nafa) isaa dhiqatu akkataa itti aanu kanatti taha.

01 Qalbitti akka qaama dhiqatu niyyaa godha.

02 Bismillaahi jedhee maqaa Rabbiitii jalqaba.

03 Egasii wuduu'a guutuu godhata.

04 Eegasii bishaan yoggu sadi mataa isaarratti naqee mataa dhiqata.

05 Sanbooda qaama isaa hunda dhiqata.



# TAYMUUMA (BIYYEEN XAHAARACHUU)

Namni tokko yoo bishaan dhabe, yookaan dhukkubsatee bishaaniin wuduu'a godhachuu dadhabe akkamitti salaata?

Deebisaan biyyeen fayyadama. kanarratti Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿وَإِن كُنتُم مَّرۡضَىٰٓ أَوۡ عَلَىٰ سَفَرٍ أَوۡ جَآءَ أَحَدٞ مِّنكُم مِّنَ ٱلۡغَآئِطِ أَوۡ لَٰمَسۡتُمُ ٱلنِّسَآءَ فَلَمۡ
تَجِدُواْ مَآءٗ فَتَيَمَّمُواْ صَعِيدٗا طَيِّبٗا فَٱمۡسَحُواْ بِوُجُوهِكُمۡ وَأَيۡدِيكُم مِّنۡهُۚ مَا يُرِيدُ ٱللَّهُ
لِيَجۡعَلَ عَلَيۡكُم مِّنۡ حَرَجٖ وَلَٰكِن يُرِيدُ لِيُطَهِّرَكُمۡ وَلِيُتِمَّ نِعۡمَتَهُۥ عَلَيۡكُمۡ لَعَلَّكُمۡ
تَشۡكُرُونَ﴾ [المائدة: ٦]

"yoo dhukkubsatoo taatan yookaa deemsarra jiraattanii bishaan dhabdan biyyee qulqulluutti Laalladhaa, fuulleen keysaniifii harkowwan keysaniin haxaawaa."

## Akkaataa taymuumaa

Biyyee qulqulluu harka lameeniin dhawata.

Fuula isaarra haxaawa, harka lameenis hanguma shanachaa (ganaa) haxaawa.

sanbooda kaeetuma salaatuudha.

hubadha wuduu'aafis tahee dhiqannaa qaamaatiifis kanumaatu gaya.

# AKKAATAA SALAATAA

Salaata barauun sirreysanii salaatuun dirqama. Salaata akka nabiin keenya ﷺ salaatetti fakkeysanii salaatuu barbaachisa. Hadiisatti

قال رسول الله ﷺ: «صلوا كما رئيتموني أصلي».

Akkaataa naa salaatu na gartanitti salaataa" jedhaniiru.

## Kunoo akkaataan salaataa tartiibaan akka kana.

Yogguu yeroon salaataa geeyse muslimtichi Rabbii isaatiif salaatuu fedhe.

01 Olkae dhabbata Bakkuma jirurraa qaama isaa guutuun qiblaatti (ka'ibaatti) fuula garagala.



Salaatattii salaatuuf deemu san qalbitti niyyaa godha fardii taatuu sunnaa taatuu.

yoo imaama yookaan kopha salaataa tahe dahoo (sutra) gama isiitti salaatu godhata.

02 Allaahu akbar jedheeti takbiirtaa hidhannaatiin hidhata, ija isaatiin bakka itti sujuudu laala.

Yeroo takbiiraa kana harkaa isaa lameen olkaasa hanga qixq qoma isaa yookaan gurra isaatti.

03 Harka isaa lachuu qoma isaarra kaaya shanacha (ganaa) mirgaa kan bitaarra godhee.

«اللهم باعد بيني وبين خطاياي كما باعدت بين المشرق والمغرب، اللهم نقني من خطاياي كما ينقى الثوب الأبيض من الدنس، اللهم اغسلني من خطاياي بالماء والثلج والبرد».

Du'aa'ii bantuu salaataa qara'uun barbaachisaadha.

Isiinis kunoo tana "Allaahumma baa'id beynii wabeyna kaxaayaaya kamaa baa'atta beynal mashriqi wal magribi, Allaahumma naqqinii min kaxaayaaya kama yunaqqaa ssobul abyadu mina ddanas, Allaahummagsilnii minkhaxaayaaya bilmaa'i wassalji walbarad."

«سبحانك اللهم وبحمدك وتبارك اسمك وتعالى جدك ولا إله غيرك».

Yoo fedhe bakka tanaa ni jedha "Subhaanaka allaahumma wabihamdika watabaaraka ismuka wata'aalaa jadduka walaa ilaaha gayruka."

Yoo kadhaalee bantuu salaataa nabiyyirraa ﷺ dhufte tanbiroollee qarae numataha. Ammo irra caalaan yeroo takka kanarraa yeroo taan kaanirraa qarauudha. Kanaatu Nabi hordofiinsatti irra guutuudha.



04 Eegasii nijedha.

"Auuzu billaahi minashayxaani rrajiim, bismillaahi rrahmaani rrahiim." jedha.

Suuraa faatihaadhaati qara'a,

Yogguu gadi fixe aamiin jedha, dhageysisee yoo salaata dhageysisan taate.

Eegasii qur'aanarraa waan isaaf laafe qara'a.

05 Eegasii rukuu'a godha allahu akbar jechaa. harka isaa hanga cinaa ceekuu yookaan gurraatti ol kaasee.

Yeroo rukuu'a godhe mataaf duuyda isaa walqixxeysa, harka lameeniin jilba isaa qabata, qubbeen isaa addaan faffacaasee.



Rukuu'a isaa keessatti ziq jedha, nijedha "subhaana Rabbiyal aziim."

Yoggu sadih yookaan saniirra hedduu irra deddeebiuutu caalaadha. Ammas saniin wajji akkana jechuu itti idauun gaariidha.

سبحانك اللهم ربنا وبحمدك، اللهم اغفر لي.

Subhaanaka Allahumma Rabbanaa Wabihamdika, Allaahummagfir lii

06 Mataa isaa rukuu'arraa olkaasa harka ol kaasaa hanga ceekuu yookaan gurra isaatti. Akkana jedha "sami'allaahu liman hamidahu."

yoo imaama yookaa kopha salaataa tahe.

dogoggorasirrii


«ربنا ولك الحمد حمدا كثيرا طيبا مباركا فيه ملء السماوات وملء الأرض وملء ما بينهما وملء ما شئت من شيء بعد».

yogguu ol diriiree dhaabbate akkana jedha “Rabbanaa walakal hamdu hamdan kasiiran xayyiban mubaarakan fiihi, mil’assamaawaati wa mil’al ardi wamil’a maa beynahumaa, wamil’a maa shi’ita min shey’in baidu.”

Ammoo yoo ma’imuuma tahe yogguu oldiriire akkana jedha “Rabbanaa walakal hamdu …hanga dhumaatti.”

Hundi isaaniituu -imaamaaf ma’amuumnis- harka isaanii akkuma yeroo rukuu’a duraatti qomarratti qabachuutu barbaachisa.

07 Eegasii Allaahu akbar jechaati sujuuda jilba dursee lafa kaaya harka itti aansa, yoo isaaf laafe yooitti ulfaatemmoo harkumaan dura bu’a.



Qubbeen miilaatii fi kan harkaatis qiblatti gara galcha, qubbeen harkaa walitti maxxansa.

Humna qaama isaa torbarratti sujuuda.

Isaanis –addaa fii funyaan, harka lameen, jilba lameen, keessa qubbeen miila lameeniiti.

ويقول: سبحان ربي الأعلى، ويكرر ذلك ثلاثا أو أكثر.

“Subhaana Rabbiyal a’ilaa” jedha. yoggu sadih yookaan sanirra hedduu irra deebi’a.

ويستحب أن يقول مع ذلك: سبحانك اللهم ربنا وبحمدك، اللهم اغفر لي.

Saniin wajji kanas itti aansee jechuun barbaachisaadha.

“Subhaanaka allaahumma rabbana wabihamdika, Allaahumm agfir lii.”

Akkasuma kadhaa Rabbii heddummeessuu, toltuu addunyaatii fii aakiraa Rabbi kadhachuun barbaachisaadha.

Irree isaa lameen bobaa isaa lameenirraa achi banata.

Garaa isaa gudeeda (sarbaa) isaa lameenirraa ol banata.

Sarbaa isaa lameenis irree isaa lameenirraa ol kaasa.

ويرفع ذراعيه عن الأرض؛ لقول النبي ﷺ: «**اعتدلوا في السجود ولا يبسط أحدكم ذراعيه انبساط الكلب**».

Ciqilee isaa lameenis lafarraa ol kaasa, waan nabiin keenya ﷺ akkana jedheef jecha. “sirraawaa sujuuda keessatti tokkoon keessan akka sareetti ciqilee isaa hin afatin.”

08 Allahu akbar jechaa mataa isaa ol kaasa. faana isaa kan bitaa afatee irra taa’a, kan mirgaa ol dhaaba.

Harka isaa lameen sarbaa fii jilba isaa lameenirra kaaya.



«رب اغفر لي وارحمني واهدني وارزقني وعافني واجبرني».

Akkana jedha. “Rabbigfir lii, warhamni, wahdinii, warzuqnii, wa’aafinii, wajburnii.”

Nitura teessuma kana keessatti.

09 Takbiiraa jechaati lamaffaa sujuudaa, wahuma sujuuda duraa keessatti hojjate hojjata.

Allaahu akbar jechaati mataa isaa ol kaasaa teeysuma xiqqoo akka teysuma sujuuda lameen jidduu fakkaattu taa'a. teessuma istiraahaa jedhamti.

isiin jaalatamtuudha, zikriifi duu'aaiin isii keessa hinjirtu.

10 eegasii allaahu akbar jechaadhaati yoomijjateef jilba lameen qabatee, yookaanis lafa qabatee, raka'aa lammeysaatiif olka'a.

eegasii faatihaa qara'aa. isii boodaan qur'aanarraa waan isaaf laafe qara'a. eegasii waan raka'aa duraa keessatti dalage dalaga.

eegasii yoo salaanni tan raka'aa lamaa taate, tan akka salaata fajrii, jum'aa fii iidaa taate

11 sujuuda lamaffaarraa eega ol jedhe nitaa'a.



Faana biitaa afatee tan mirgaa oldhaabee.

harka mirgaa sarbaa mirgaarra gadi diriirsa, qubbeen isaa hunda ni dumuceeyfata (ni tantoommata) quba daymaa malee isii towhiidattiin akeeka.

harka bitaa sarbaa bitaa irra gadi diriirsa.

teessoo tana keessatti tashahuda qara'a.

«التحيات لله والصلوات والطيبات، السلام عليك أيها النبي ورحمة الله وبركاته السلام علينا وعلى عباد الله الصالحين أشهد أن لا إله إلا الله وأشهد أن محمدا عبده ورسوله»،

innis kunoo kana "Attahiyyaatu lillaahi wassalawaatu waxxayyibaatu, assalaamu aleyka ayyuhannabiyyu warahmatullaahi wabarakaatuhuu. Assalaamu aleynaa wa alaa ibaadillaahissaalihiin. Ash-hadu allaailaaha illallaahu wa ash-hadu anna muhammadan abduhuu warasuuluhu."

«اللهم صل على محمد وعلى آل محمد كما صليت على إبراهيم وآل إبراهيم إنك حميد مجيد، وبارك على محمد وعلى آل محمد كما باركت على إبراهيم وآل إبراهيم إنك حميد مجيد».

Eegasii itti aansee jedha "Allaahumma salli alaa muhammadin wa alaa aali muhammadin kamaa salleyta alaa ibraahiima wa aali ibraahiima innaka hamiidun majiid. Wa baarik alaa muhammadin wa alaa aali muhammadin kamaa baarakta alaa ibraahiima wa aali ibraahiima innaka hamiidun majiid."

Akkana jedheeti waa afurirraa Rabbitti maganfata.

«اللهم إني أعوذ بك من عذاب جهنم ومن عذاب القبر ومن فتنة المحيا والممات ومن فتنة المسيح الدجال».

"Allaahumma innii auuzu bika min azaabi jahannama, wamin azaabil qabri, wa min fitnatil mahyaa wal mamaat, wamin fitnatil masiihiddajjaal."

eegasii toltuu duniyaa fii aakiraa irraa waan fedhe kadhata. Yoo haadhaaf abbaa isaatiif takkii muslimtoota birootiif kadhates homaa hamtuu hinqabu, salaata fardii taatuu tan sunnaa taatuu.

12 eegasii mirgaafii bitatti salaammata.

akkana jedhee “assalaamu aleykum  warahmatullaahi.”

13 ammoo yoo salaanni tan raka’aa sadihii tan akka magriibaa taate, yookaan  tan raka’aa afur afurii tan akka zuhrii asrii ishaa’ii taate.
tashahhuda reefu dabre san qara’a, salaata nabirratti buusuun wajji.

yoo salaatu alannabiyyii teessoo duraa keessatti
buusuu dhiises homaa miti garuu dirqamas tahuu baatu jaalatamaadha.

eegasii jilba isaarratti tin’ifateeti olka’a, harka lameen hanga ceekuutti ol kaasee allaahu akbar jechaa.

harka isaa qomq isaarra kaayata akkuma dabretti, faatihama qofa qara’a.



zuhrii irratti raka’aa sadaffaaf afraffaa booda yoo faatiharra edaee waa qaraes homaa hinqabu.

yoo magriiba tahe Eega raka’aa sadihiitii, ammo zuhrii, asrii fi ishaa’ii yoo tahe raka’aa afreessaa booda taaeeti tashahuda qara’a. akkuma salaata raka’aa lamaa keessatti himamee dabretti.

eegasii migaaf bitatti salaammata, “Assalaamu aleykum warahmat ullaahi” jedhee.

# ZIKRIIWWAN SALAATA BOODAA

01 Astagfirullaah" yoggu3 jedha.

يستغفر الله ثلاثا ويقول: «اللهم أنت السلام ومنك السلام تباركت يا ذا الجلال والإكرام، لا إله إلا الله وحده لا شريك له، له الملك وله الحمد وهو على كل شيء قدير، لا حول ولا قوة إلا بالله، اللهم لا مانع لما أعطيت ولا معطي لما منعت ولا ينفع ذا الجد منك الجد، لا إله إلا الله ولا نعبد إلا إياه له النعمة وله الفضل وله الثناء الحسن، لا إله إلا الله مخلصين له الدين ولو كره الكافرون».

"Allaahumma anta ssalaam wa minka ssalaam tabaarakta yaa zaljalaali walikraam. laa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lahu, lahulmulku walahul hamdu wahuwa alaa kulli shay'in qadiir.laa hawla wa laa quwwata illaa billaah. Allaahumma laa maani'a limaa a'ixeyta, walaa mu'ixiya limaa mana'ita walaa yanfau zaljaddi minkal jaddu. Laa ilaaha illallaahu walaa na'ibudu illaa iyyaahu, lahunni'imaa walahul fadlu walahussanaaul hasan, Laa ilaaha illallaahu muklisiina lahuddiina wallow karihal kaafiruun."

02 ittiin aanse ni jedha-

يسبح الله ثلاثا وثلاثين ويحمده مثل ذلك ويكبره مثل ذلك ويقول تمام المائة لا الله إلا الله وحده لا شريك له له الملك وله الحمد وهو على كل شيء قدير.

subhaanallaah yoggu soddomii sadihi. Walhamdulillaah soddomiif sadih, wallaahu akbar soddomii sadih, guutuu dhibbaa - "laa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lahuu lahul mulku wa lahul hamdu wa huwa alaa kulli shay'in qadiir-." jedha.

03 Ittiin aansee

يقرأ أية الكرسي وقل هو الله أحد، وقل أعوذ برب الفلق وقل أعوذ برب الناس بعد كل صلاة، ويستحب تكرار هذه السور الثلاث، ثلاث مرات بعد صلاة الفجر وصلاة المغرب لورود الأحاديث بها عن النبي ﷺ.

aayatulkursiyyii qara'a. qul huwallaahu ahad fi qul auuzuu lameen qara'a, Salaata magriibaa fi fajrii booda suuraalee sadeen kana yoggu sadi sadi irra deddeebi'a. hadiisaaaatu nabii keenyarraa akkanatti dhufe waan taheef.

# SUJUUDA IRRANFII (DAGUU)

Namni salaatu yoo salaat isaa irraanfatee itti ida'e yookan ir'ise takkii shake sirresseeti dhuma salaata isaatti sujuuda lama sujuuda. Sujuudi kun sujuuda irraanfii jedhama.

# ULAAGAALEE (SHARXIILEEN) SALAATAA

## Sharxiiwwan salaataa sagali isaanis:

01 Muslima tahuu.
02 qalbiin fayyaa qabaachuu,
03 uf baree joollummarraa bahuu,
04 hadasa ufrraa deemsisuu (wuduu'a qabaachuu)
05 uffataa, qaamaafii bakki irratti salaatu xahaara tahuu,
06 yeroon salaataa gayuu,
07 uffata uffachuu,
08 qiblatti fuula garagaluu.
09 Salaata niyyachuu.

## walaloo sharxiiwwan salaataa 9n.

Sharxiiwwan salaataa tan dura gutamtu.
Isiin waa sagalii takkas hafuu hin taatuu.
Muslima tahuudha namtichaan salaatu.
Lameysaan tahudha qalbiin isaa guutuu.
Joollummarraa bahee waa addaan baafachuu.

Hadasaa deemsiisee wuduu'a tolfachuu.
Najisarraa xahaaramuu qamni isaatii
Uffataafii ammas iddoon salaataatii
Jaheysaa uffataan qaama isaa dhooysuudhaa.
Yeroon isaas gayuu mirkaneeffachuudhaa.
Kama qiblaa ka'baa fuulasaa naanneysaa.
Qalbitti niyyaa godhuu tanaatu sagleysaa.

# ARKAANA SALAATAA

Arkaana salaataa jechuun hojiilee salaata keessaa jajjabeyfamtuu tan hafuu hitaane jechuudh. isaanis kudha afreen kana.

01 dhaabbachuu dandeeyiin wajjii.

02 takbiiraa hidhannaa.

03 faatihaa qara'uu.

04 rukuu'a.

05 irraa ol jechuu (Rukuu'arraa).

06 dhaabbatanii waxiqqo turuu rukuu'a booda.

07 sujuuda godhuu human qaamaa torbarratti.

08 sujuuda lameen jidduu taa'uu.

09 tashahuda boodaa qara'uu.

10 tashahuda boodaatiif taa'uu.

11 salaata nabiyyirratti ﷺ buusuu tashahuda boodaa kana keessatti.

12 salaamtaa baafachuu dhumarratti.

13 hunda keessatti xuma'iniinaa godhanii jarjarsuu dhabuu.

14 tartiibaan oofuu.

## walaloo arkaana salaataa.

Kudhanii afurii arkaanni salaataa.
Hundi nama baruuf qophaaye fakkataa.
Tanduraa dandeenyaan ol ka’ee dhaabbataa.
Lammeysaan takbiirtaa hidhannaa salaataa.
Sadeysaan suuratul faatihaa qaraataa.
Afreysaan rukuu’a duuydaan gadi jattee.
Harks kee lameniin jilba kee qabattee.
Shaneysaan ol jachuu sujuunnii jaheysaa.
Human 7tti inni moo dhageysaa.
Qubbeen miilaa jilbaa shanacha harkaatii.
funyaaniif addasaa walitti qindeyseetii.
Irraa oljechuufii taa’uu mijjeyfataa.
Xumaaniinaa godhuu dhiistee jarjarfataa.
Gurbaan sahaabaadhaa kan salaataa guysee.
Kallaad ibnu raafi’i maqaansaa dhageysee.
Masgiida ol seenee salaatee jarjarsee.
Nabitti ﷺ asgoree salaamtaan dubbisee.
Jedheen nabiin salaamtaa irratti deebisee.
Sirreeysi yaa gurbaa salaata balleysee.
Ammas nisalaate sanuma fakkeysee.

Erga yeroo hedduu akka deddeebisee.
Ufbira teysisee salaataa barsiisee.
Izaa qumta ila ssalaatirraa kaasee.
Hattaa taxma'innaa irradeddeebisee.
Hadiisa sahiihaan oduun nugeysee.
Abbaa hureyraa irraa muslim nuuf odeeyse.
Tuunis teysoo boodaati attahiyyaaataa.
Isakana ammoo teyseeti qaraataa.
Dhuma isaarrattis ni buufta salaataa.
Nabii keenyarratti caalaa anbiyootaa.
Mirgaa bitaa laaltee salaamtaa baafattaa.
Akka himametti tartiibaan oofattaa.

### Walaloo Waan salaata balleysaa tiifii waan salaata Keysatti dhoowwame

Qalbii as deebisaa gurra naaf liqeysaa.
Isiniif himaa waan salaata balleysaa.
Nyaachuu dhuguu kofluu haasawuufii deemsaa.
Wuduu'a balleysuuf saaqamuu owraan saa.
Qiblarra deebi'uuf tuqamuu najisaan.
Ammas wan dhoowame yero salaata keysaa.
Samii ol laaluufii qabachuu kaleesaa.

Bitaaf mirga laaluu kunis mil'atiinsaa.

Sheyxaanaatu butee miidhe salaataa saa.

Xumaaniinaa dhiisee salaataa jarjarsaa. Irrahamaa hattuu hate salaata saa.

Fincaanii fii udaan ufitti ittisaa.

Qalbiidhaan kajeelaa qopheysee nyaata saa.

Kun hunduu dhoowwamee irraa uf sirreysaa.

Suraa adda addaa waan nama waswaasaa.

Dhoowwameeti jiraa firraa dhbamsiisaa.

Keysaawuu gaa ammoo kan lubbuqabeysaa.

Malaykaa rahmataas manarraa fageysaa.

Nabiin lolee kaasee fooxaa warreetiisaa.

Hundaawu eeggadhaa salaata sirreysaa.

Salaata eeggadhaa dhaamsa obboleysaa.

# DHUMARRATTI

Warra diin isaa baratee, walbarsiisee, sirritti itti dalagee, jaalala Rabbii argate, nuufii isinis Rabbi nuhaa taasisu. ibaadaalee hunda Rabbi nurraa haaqeebalu.

Yoo yadaa fi gaafii qabaattan irratti yaada keessan nuuf kennaa. galatoomaa wassalaamu aleykum warahmatullaahi wabarakaatuhuu.

والحمد لله رب العالمين وصلى الله وسلم على نبينا محمد وآله وصحبه أجمعين.

IslamHouse.com

IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com

GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com

GuidetoIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH
P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126

# XAHAARAA FII SALAATA

Kitaabni kun waayee wuduu, tayamuuma, dhiqannaa qaamaa bal’inaan dubbata barnoota salaataatis guututti qaba.




IslamHouse.com
Osoul Center
www.osoulcenter.com